# Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

**Volume 5, No.1, January 2022**
**https:journals.ju.edu.et**

**e-ISSN: 2616-3985**
**p-ISSN: 2616-3977**

**A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University**


---

*Full Length Research Paper*

## Xiinxala Akkaatummaa Weelluu Jaalalaa Oromoo Maccaa


Margaa Abbabaa-fi*[1] Ashannaafii Balaay (PhD)[2]
Yuunivarsiitii Jimmaa
[1]Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu, mergaabebea@gmail.com
[2]Damee Barnoota Afaan Ingliziifi Ogbarruu, hireebirraa@gmail.com



Submission Date: March 31, 2020
Acceptance Date: October 20, 2021



## Axeeraraa

*Qorannooon kun xiinxala akkaatummaa weedduu jaalalaa Oromoo Maccaarratti xiyyeeffata. Qorannoon akkaatummaa ogafaan Oromoo xiyyeeffannoo bal'aa dhabuun barruu kanaaf ka'umsa yoo ta'u, qorannichi qaawwa gama kanaan jiru guutuuf kan gaggeeffamedha. Haaluma kanaan, akkaataa weelluu jaalalaa sadarkaalee dhaamsagaa, caas-himaafi xiinhiikaatti mul'atan dayeessa akkaatummaa hordofuun mala akkamtaatti fayyadamuun xiinxalli gaggeeffameera. Adeemsa kana keessatti afeewwan akkaatummaa mul'isan ragaalee funaanaman keessaa maddisiisuun dhimma itti bahamaniiru. Bu'uuruma kanaan, akkaataan raawwiifi fayyadamni afaanii weelluu jaalalaa akkaatummaa kan gonfachiise ta'uun adda baheera. Raawwiin weelluu jaalalaa gareefi dhuunfaan kan dhihaatu ta'ee, sochiiwwaan qaamaa kanneen akka kunkummee, geelloo, shubbisaa, oltumeefi gadtumeen; geengoo naanna'uun ykn fuula walitti galagalchuun morma bitaafi mirgaa walbira dabarsaa haala hawwannaa qabuun dhihaata. Kunis meeshaalee muuziqaa kanneen akka dibbeefi kabaroo akkasumas ulullee, kiraafi ximboon dabaalamuun ykn meeshaalee muuziqaan ala kan dhihaatu ta'ee, ergaafi hawwannaa weelluu jechootaan ibsamaniif humna kan dabalu ta'uun bira gahameera. Gama fayyadama afaaniin xiinxalli gaggeeffame sadarkaalee gara garaatti mul'istootni akkaatummaa jiraachuu agarsiisa. Bu'uuruma kanaan, dhaamsagoonni (dubbifamaafi dubbachiiftuun) jalqabaa, gidduufi xumura jechootaa irratti irra-deddeebi'amuun bifa hawwataa ta'een ergaa dabarsuuf tajaajilarra akka oolfaman beekameera. Sirni bilbila sagalee hedduminaan qindoomina walfakkaatoo 'ABAB' kan hordofuufi darbee darbee bifa sududa qabuun 'AAAA' kan mul'atu ta'uunis adda baheera. Sadarkaa caas-himaatti qindaa'inni gaaleewwaanii kan walgitaniifi bal'inaan kallattii walfakkii, irra-deddeebbiifi walfaallaan dhihaataniiru. Qaacceessa gama xiinhiikaan adeemsifameen immoo jechoonni yookiin gaaleewwaan kallattii hiika sirriifi jechamootaan kan dhihaatan ta'ee, keessumaa teekinikoonni kanneen akka nameessaa, bakkee, iddoosaa, habalakaa, fakkeefi arbeessuun bal'inaan keessatti mul'achuu qoranichi nimirkaneessa. Kanaafuu, xiinxala gaggeeffamerratti hundaa'uun weelluun jaalalaa Oromoo Maccaa akkaatummaa bifa lamaan dabaalamuun ergaa kan dabarsu ta'uu adda baheera. Argannoo qorannichaa irratti hundaa'uunis xiixalli akkaatummaa gooroo afwalaloo Oromoo biroo irratti yoo gaggeeffame dhimma akkaatummaa bu'uuraan hubachiisuun akka danda'amu qorannichi ni akeeka.*



***Jechoota Ijoo:*** akkaatummaa, ogafaan, Oromoo, walaloo, weelluu jaalalaa, weelluu.


---

## Abstract

*This study presents a stylistic analysis of a genre of Oromoo oral song, weelluu, recited by the youth among the Maccaa Oromoo. The study is undertaken owing to the less emphasis placed so far on the stylistic analysis of Oromoo oral songs, and, the paper is a modest attempt to fill the gap. The study follows purely qualitative research approach, and presents analysis based on the framework of stylistics, mainly focusing on the stylistic features exhibited at phonological, syntactic and semantic levels in addition to that the data used in the study has been drawn from fieldwork among the society. The critical analysis of style in the performance of the genre and the lyrics of the oral genre reveals that weelluu is adorned with stylistic features that significantly contribute towards transfer of powerful message among the youth at the performance occasions. Performance wise, the movement styles and dances that accompany the oral songs locally named as geelloo, shubbisaa, oltumee and gadtumee, geengoo naanna'uu and the stylish movement of body parts above the neck when the pairs dance with each other endow the genre the power to get the message across. Besides, the linguistic stylistic features exhibited at phonological, syntactic and semantic level give weelluu powerful poetic quality which endows the themes in the lyrics with the power of influence. Poetic techniques like alliteration, assonance, consonance, rhyme, parallelism at syntactic levels and use of connotations and powerful figures of speech are abundant in the lyrics. The welluu, therefore, exhibits stylistic features at both linguistic and paralinguistic levels. Based on the results of this study, the researchers recommend a further investigation into the stylistic features of Oromoo oral poetry to comprehend the nature of style in Oromoo poetry.*

***Keywords:*** *Stylistics love, oral literature, Oromoo, poetry, weelluu, lyrics*

## 1. Seensa

Ogafaan bu'uuraafi raacitii ogbarruu tahuu hayyoonni ibsanillee, akkuma ogbarruu gama akkaatummaan badhaadhaa ta'uusaa ragaaleen qorannoo hedduun hinakeekan. Xiyyeeffannoon qorannolee akkaatummaa fuulleffatan hedduminaan hojiilee ogbarruu irratti yoo ta'an, gama ogafaaniin gooroowwaan gara garaa keessatti qabiyyeewwaan hammatamaniifi tajaajila isaanii irratti qorannooleen hedduu gaggeeffamaniiru. Haata'u malee, dhimmi akkaatummaa gosoota ogafaanii keessumaa afwalaloo Oromoo keessatti xiyyeeffannoo bal'aaa hinarganne. Kanaafuu, barruun qorannoo kun damee ogafaan Oromoo keessaa weelluu jaalalaa fudhachun akkaatummaa hammataman xiinxaluu irratti fuulleffate.

Akkaatummaan saayinsii dubbisaan yeroo dubbisa tokko dubbisu hammam afaan ogbarruu sanaan walii galuun hubannoo akka argateefi hammam akka ogbarricha dubbisuun of jijjiirame kan ibsu akka ta'e beektonni ni ibsu. Haaluma kanaan, Lazar, (1994:31) "Stylistics, involves the close study of the literary text itself, to enable one to make meaningful interpretations of the text itself; it also provides with excellent language practice" jechuun ibsa. Kunis akkaatummaan qorannoo afee ogbarruu gaggeessuu keessatti hariiroo kan qabu; hiika barruu hiika qabeessa kan taasisu; shaakala afaanii miidhagaa ta'een kan dhiheessu akka ta'e nu hubachiisa. Kanaafuu, akkaatummaan damee barnootaa (xiinqooqaafi ogbarruu) keessatti qeeqa hiika qabeessa ta'e gaggeessuuf kan tajaajiludha.

Faana qorannoo ogbarruu Oromoo keessatti dhimmi xiinxala akkaatummaa xiyyeeffannoo jabaa hinarganne. Keessumaa kallattii fuulleffannaa qorannoolee afwalaloo Oromoo bu'uureffatanii yoo

sakatta'amu qaawwi bal'aan gama kanaan jiraachuu agarsiisa. Yaaliiwwan muraasa caasaa walaloolee irratti bu'uureffachuun xiinxala gaggeessan jiraatanillee (Sumner 1996), qorannooleen afwalaloo Oromoo irratti geggeeffaman hedduminaan ergaa, qabiyyee, yoomessaafi faayidaa isaanrratti malee akkaatummaa isaanaarratti hinxiyyeeffanne. Qorannooleen kunniinis hedduminaan kanneen hinmaxxanfamiiniifi Yuunivarsiitiilee gara garaa keessatti sadarkaa digirii jalqabaafi lammaffaa irratti kanneen gaggeeffamanidha. Isaan keessaas muraasni kan Bayyanaa Laggasaa (2008) "Xiinxaala Yoomessaafi Qabiyyee Faaruu Loonii", Taaddalaa Olaanaa (2008) Xiinxaala Weelluu Lakkoo, fi Oliyaad Balaay (2018) Xiinxala Qabiyyee Weelluu Jaalalaa irratti kanneen gaggeeffaman eeruun nidanda'ama. Qorannooleen aantee kunniinis akkuma mata duree isaanii irraa hubannutti yoomessa, qabiyyeefi ergaa xiinxaluu irratti bu'uureffatu. Taaddalaan weelluuwwaan lakkoo bakka shanitti qooduun: weelluu dikkoo, dhiichisaa, heellemaa, shaggooyyeefi heelleeti jedhee ibsa. Oliyaad (2018)-fi Bayyanaa (2008) haaluma walfakkaatuun qabiyyeefi yoomessa irratti fuullefachuun qoratani. Haaluma walfakkaatuun qorannooleen yeroo dhiyoo afwalaloo Oromoo irratti gaggeeffaman kan Dammituu Aagaa (2019), Darajjee Fiixee (2019), Olaanii Goobanaa (2019)-fi Tasfaye Dabochi (2017) xurreedhuma kana hordofuun qabiyyeefi bifiyyee afwalaloo Oromoo irratti fuulleffachuun qorataniiru. Kanaafuu, xiyyeeffannoo dhabuun akkaatummaa afwalaloo Oromoo kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Kana malees, qorannooleen afwalaloo Oromoo irratti fuulleffatan biroo bifa barruun maxxanfaman keessaas kan Addisu Tolesa (1994) "Oromo Literature, Geerarsa**,** and the Liberation Struggle", Zelealem Aberra (2003) "Transition from Oral to Written Oromo Poetry", Dereje Fufa (2013) "Analysis of creativity and creative context in oral poetry", akkasumas **'**Ashenafi' fi 'Eba' **(**2017**)** **"**The Poetics of Oromo Blessing Expressions: A Stylistic Analysis of a Verbal Art Genre" mata dureewwaan jedhamanirratti kan gaggeeffaman yoo ta'u, kan dhumaa irraa kan hafe akkaatummaa irratti hin fuulleffanne. Qacceessi Ashannaafiifi Eebbaan **(**2017**)** geggeessan eebbi Oromoo amaloota akkaatummaan kan guutame ta'uu kan mul'ise ta'us, akkaatummaa gooroo afwalaloo sanaaf gumaacha raawwiin isaa qabu hin ammachiifne. Barruun kun, gooroo afwalaloo Oromoo qorattootni kunniin xiinxalan irraa adda kan ta'e weelluu jaalalaa fudhachuun haalli raawwiifi fayyadamni afaanii bifa akkaatummaa agarsiisuun xiinxaluu irratti fuulleffate.

Kanaafuu, barruun qorannoo kun jalqabbiiwwaan qorannoo akkaatummaa ogafaan Oromoo jajjabeessuuf gooroo afwalaloo keessaa weelluu jaalalaa irratti fuulleffachuun xiinxala gaggeeffame dhiyeesse. Weelluun jaalalaa akaakuu afwalaloo kan qeerroofi qarreen jaalala waliif qaban karaa dhoksaafi aadaa hawaasaa bu'uureffateen fedhii, jaalala, hawwii, jibba, inaaffaafi komee waliif qaban kan ittiin ibsataniidha. Weelluun qabiyyeefi haala raawwii irratti hundaa'uun gosoota gara garaatti qoodama: weelluu lolaa, daboo, jaalalaa, siyaasaa, cidhaafi kanneen birootti qoodama (Gumii Qormaata Afaan Oromoo 1995, f. 1). Gooroon afwalaloo kunniin yoomessaa, haala raawwii gara garaafi qabiyyee adda addaa qabaachuurra darbee akkaatummaan kan badhaadhe tahuutu himama. Kaayyoo ijoon barruu kanaas akkaatummaa weelluu jaalalaa Oromoo Maccaa xiinxaluu yoo tahu, qorannichi gaaffilee qorannoo armaan gadii deebisuu irratti xiyyeeffate:

- Raawwiin weelluu jaalalaa Oromoo Maccaa akkaatummaa akkamii qaba?

- Akkaatummaan ijoo walaloolee weelluun jaalalaa Oromoo Maccaa keessatti sadarkaalee dhaamsagaa**,** caas-himaafi xiinhiikaattii mul'atan maal fa'i?

## 2. Sakatta'a Barruulee Walfakkii

### 2.1. Ogafaaniifi Akkaatummaa

Hayyuuleen gara garaa akka ibsanitti hawwannaafi humni ogbarruu filannoofi fayyadama xiinqooqaa (dhamsaga, caas-hima, jechootaa, hiikaafi kkf) afooleen ykn barreessaan dhimma itti bahu irraa madda. Filannoofi fayyadamni kalaqxoonni kunniin hojii ogumaa keessatti taasisan akkaatummaa hordofuuf bu'uura. Ogafaan oguma kalaqaa tahuufi amala kalaqummaa ogbarruu waliin walqixa qabaachuu kan mirkaneessu xiinxala akkaatummaati. Amalli jijjiiramummaa ogafaanii ogbarruu caalaa carraa akkaatummaan badhaadhuu isa gonfachiisa. Muuxannoofi haala raawwii irratti hundaa'uun afooleen tokko hawwannaafi jabina ergaa isaa daran fooyyessuuf carraa qaba. Finnegan (1992, f. 2) raawwiin ogafaanii haalaafi yoomessa irratti hundaa'uun dandeettii ergaa / qabiyyee dhiyaatu sanatti humnaafi lubbuu horuu qabaachuu ibsiti.

Ogafaan mul'istuu jiruuf jireenya hawaasa tokkoo yoo tahu hawaasni ogafaan isaa tajaajila gara garaaf dhimma itti ba'a. Bascom (1965), ogafaan tajaajila miliqsuu, cimsuu, barsiisuufi to'achuudhaaf faayidaarra akka oolu ibsa. Kanaafuu, hawaasni tokko bu'aa ba'ii jiruufi jireenyaa guyyuu isa mudatan ittiin miliqa, muuxannoo isaa cimsata, irraas barata, ittiinis to'ata. Hawaasni kunis tajaajiloota argatu kana hundaa ogafaaniin yoo raawwatu akkaatummaan ogafaanichaan dabaalameeti.

Afwalaloon gosa ogafaanii keessaa tokko ta'ee bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbudha. Fekade'n (2013, f. 86) afwalaloon bifa muziqaa qabaatee hawwannaa gonfachuun duraa-duuba yaadaa eeggatee kan dhiyaatudha jechuun ibsa. Finnegan (1976:241) afwalaloon faayidaa gara garaa akka qabu ibsiti. Garaagarummaan kun qabiyyeefi dhaamsa inni dabarsu barbaade irratti, yoomessa walalichi ittiin dhiyaate irrattiifi haaluma walaloo sanaa irratti hundaa'uu mala. Haaluma kanaan afwalaloon faayidaa bashannansiisuu, miira ibsuu, hawaasummaa cimsuu, miidhagiina mul'isuufi kkf. dhimma itti bahamuu danda'a.

Weelluun jaalalaa gooroowwaan afwalaloo Oromoo keessaa tokko yoo tahu, raawwiin isaa yoomessa gara garaa keessatti gaggeeffama. Finnegan (1976), weelluu qabiyyee isaa irratti hundaa'uun yoo ibsitu: weelluu jaalalaa, weelluu gaa'eelaafi weelluu jibbaa jechuun qoqqooddee keessi. Haaluma kanaan gosoonni weelluu kunniin haalaafi yeroo tokkoon hin weeddifaman. Fakkeenyaaf, weelluun gaa'eelaa yeroo cidhaa gaa'elaa raawwata. Oromoon karaa weelluu isaatiin wantoota hedduu ibsata. Dhimma kanarratti akkuma Finnegan (1970, f. 270), "songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and mould public opinion" jechuun ibsiti. Kun immoo weelluun haala yeroo waliin walqabatee komii dhiyeeffachuuf, dhiibbaa siyaasaa uumuuf, ilaalcha hawaasaa calaqqisiisuuf yookiin qindeessuuf tajaajilarra kan oolu ta'uu mul'isa.

Haaluma kanaan, weelluun jaalalaa dargaggeessi shamarree jaallateef, akkasumas shamarreen tokko dargaggoo jaallatteef karaa yaada keessoo isaanii ittiin ibsatanidha. Kana malees, weelluun

jaalalaa kan namni dhageettii keessoo isaa, miirasaa ukkaamamee jiru tokko, fedhii qabu, gubannaa laphee keessasaa karaa itti of-keessaa baasee dubbachuudhaan dhiphina keessaa aara itti galfatudha. Weelluun hedduminaan kan dargaggeessi dhimma itti ba'uudha. Obsaan, (1993, f. 99) "... love song of the young. It is that of a man for his lover, but rarely a woman for a lover" jechuun ibsa. Kunis weelluun jaalala kan dargaggeessi ykn dargaggeettiin jaalallee isaaf / isheen dhiheessu/itu akka ta'e ibsa.

Weelluu jaaalalaan wallisa nama tokkoon yookaan nama lamaafi isaa ol kan sagalee waljalaa qabuun dhiiraafi dhiira yookiin dhiiraafi dubara, akkasumas, dubaraafi dubara ta'anii taphataniidha. Yeroon raawwii isaas, yeroo adamoo, karaa yemmuu deeman, dhimma adda addaa yemmuu raawwatan kan weeddifamudha (Gumii Qormaata Afaan Oromoo, 1993, f. 119). Muuxannoon akkasii uummata Oromoo irra darbee sadarkaa Afrikaatti illee hawaasa gara garaa keessatti beekama. Fakkeenyaaf Okpewho-n (1992, f. 139), ogafaan Afrikaa keessatti waa'ee weelluu jaalalaa yoo ibsu, "The more common type of love expressed in traditional African song is the one between a man and a woman. Quite often this comes in the form of an intense admiration of the physical beauty of the woman by the man or vice-versa in such a way as to indicate feelings of sexual desire or lust" jedha. Akkuma waraabbii kanarraa hubachuun danda'amutti weelluun jaalalaa irra caalaa sirba aadaa durii Afrikaa keessatti beekamuufi haala ibsannaa jaalalaa dhiraafi dubartoota gidduutti mul'atudha. Karaa weelluu jaalalaa kana fedhiifi miira keessoo ofiitu ittiin ibsatama.

Obsaanis (1993), weelluun jaalalaa faayidaa hedduu akka qabu eeruun: jaalala jabeessuu, kan walfedhu walitti dhiyeessuufi aantummaa waliif qaban waliif mirkaneessuu akka danda'an gargaaruu ibsa. Kana malees, weelluun jaalalaa dargaggoonni eenyummaa ofiitti akka boonan taasisa; kan darbe yaadachiisa, safuu barsiisa jechuun ibsa. Fayidaaleen kunneeniifi qabiyyeewwan gara garaa bifa hawwataa ta'een dhiyeessuu keessatti ammoo akkaataa dhiyaannaafi fayyadama afaaniitti dhimma ba'a.

### 2.2. Maalummaafi Yaadrimee Akkaatummaa

Qorannoon akkaatummaa xiinxala akkaataa irraatti hundaa'a. Akkaatummaa ogafaanii qorachuuf maalummaa akkaataafi akkaatummaa kana hubachuun barbaachisaadha. Akka yaada hayyoota gara garaa irraa hubatamutti akkaataan akka itti afooleen afaaniifi sochiitti dhimma bahuun ergaa dabarfatanidha. Haaluma kanaan akkaataan kallattii lamaan ilaalama: inni jalqabaa kan afoolee waliin waqabatu yoo tahu, kan lammataa akaataa hojii barruu waliin walqabatu. Kunis akkaataan keessoodhaan hiikaa waliin hidhata qabaachuu kan ibsudha.

Gooroon ogafaanii kamiyyu akkaataa mataa ofii niqabaata. Hurruubbiin ogafaanii dandeettii hurruubaa irratti kan hundaa'u ta'ee akkaataa gooroo ogafaanichaa keessatti ramadama. Raawwiin ogafaanichaa dandeettii akkaatummaa nama sanaa irratti kan hundaa'u tahus, bu'uura aadaa irraa yoo mittiiqe fokkisiisaa waan tahuuf dandeettiin dhuunfaa afoolee sadarkaa raawwii aadaan kaa'een madaalama. Yaada kana Ben-Amos (1975) yoo ibsu, hurruubbii fookloorii keessatti akkaatummaan dandeetii dhuunfaa afoolee irratti hundaa'u jiraatus, dhiibbaa aadaafi

sadarkaa dandeettii seenessuufi walaleessuu aadaan sun gooroo sanaaf kaa'een ala tahuu hin danda'u. Kanaafuu, amaloota akkaatummaa ogafaanii yeroo xiinxallu agarsiistota xinqooqaafi raawwilee isaanii illee ilaaluun barbaachisa. Kunneen lamaan walitti fiduun beekkamtii aartummaa addaa ogafaaniif kan kennu yoo tahu, dandeettiin afoolee tokkoo garuu hedduminaan akkaataa fayyadama afaaniin madaalama.

Dimshaashumatti akkaatummaan xiinxala akkaataa hojiilee ogbarruu yoo tahu, gosa beekumsaa daangaa qorannoo xiinqooqaafifi ogbarruu gidduutti argamudha (Hawthorne, 1994, f. 284). Ogafaan keessatti xiyyeeffannoon xiinxala akkaatummaa afoolee, akkaataa ibsaa (filannoo jechootaa, himaa, tartiiba sagaleessuu) fi sochiiwwaan kunneen waliin walqabatanii dhufan irratti tahuu mala. Kanaafuu, akkaatummaan ogafaanii yoo ka'u fayyadama afaanii qofa osoo hin tahiin malleen afooleen gooroo ogafaanichaarratti hundaa'uun jamaaf ergaa dabarsuuf dhimma itti bahu (sochii) hammata.

#### 2.2.1. Amaloota Bu'uuraa Akkaatummaa

Xiinxlli bu'uuraa akkaatummaa ogafaanii amaloota xiinqooqaa afooleen raawwii ogafaanichaafi maloota raawwii keesatti hojiirra oolan irratti hundaa'uun gaggeeffama. Amalootni afaanii sadarkaalee sagaleessuu, ijaarsa jechootaafi himaa, hiikaafi haalawwaan dubbii irratti hundaa'a. Kan hurruubbii ammoo sagaleessuu, fayyadama meeshaalee muuziqaa, sochii afoolee, raawwiifi jamaa irratti xiyyeeffata (Bauman, 1975; Carlson, 1996).

**A. Amaloota Xiinqooqaa**

Fayyadama afaanii keessatti amaloonni akkaatummaa xiinxaluuf xiyyeeffannaa argachuu qaban waliin hiriiruu jechootaafi gaaleewwaanii, irra deddeebbii (marmaartuu), jalaa qabaafi jechoota caas-murtaa'oodha. Waliin hiriiruun waan sadiif tajaajila: (1) hafeen ogafaanii qindoomina akka qabaatu taasisa; (2) bu'uura caaseffama afaan ogumichaa ibsa; (3) aadaa hawaasaa keessatti wantoota waliin hiriiran xiyyeeffannoon mul'isuuf tajaajila. Afwalaloo keessatti waliin hiriiruun amaloota irra-deddeebii, jalaa qabuufi ibsoota caas-murtaa'oo faayidaarra oolaniin mul'ifamu. Leech (1969, f. 71), “the repeated hammering of the same issue in the same manner and using the same words, sounds, etc is a veritable way of relieving inner feelings of sadness or of joy” jedha. Kunis, deddeebiin amala akkaatummaa ogafaan keessatti bakka guddaa qabaachuu mul'isa. Akkasumas, dhimmootni xiyyeeffannoo argachuu malan irra deddeebi'amuu; jecha tokko haala walfakkaatuun irra deddeebi'uun dhageettii keessoo: gaddas tahe gammachuu ibsuuf gargaara.

Irra-deddeebiin ogafaan keessatti mul'atu bakka duwwaa guutuuf kan tajaajilu osoo hintaane miidhagina sagalee, ergaa cimsuu yookiin mala ittiin dhimma tokkoo irratti xiyyeeffachuu barbaadame agarsiisa. Okpewho (1992, f. 71) dhimma kana ilaalchisee faayidaa hawwattummaa irra-deddeebiin ogafaan keessatti qabu hubachuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Bu'uurumarraa, irra-deddeebiin toora tokkoo, yookiin keeyyata tokkoo, amala hawwattummaa sagalee mataasaa ni qabaata.

> Repetition is no doubt one of the most fundamental characteristic features of oral literature. It has both aesthetic and a utilitarian value: in other words, it is a device that not only gives a touch of beauty or attractiveness to a piece of oral expression (whether song or narrative or other kind of statement) but also serves certain

> practical purposes in the overall organization of the oral performance. (Okpewho,1992, f. 71)

Yaanni kunis deddeebiin amaloota bu'uuraa ogafaanii ta'uusaafi faayidaa hawwattumaafi tajaajila qabatamaa qabaachuu akeeka. Kana jechuunis teekinikni kun hawwannaafi miidhagina ogafaanii gonfachiisuu irratti kan daangeffamu osoo hintaane, qindoomina walii galaa raawwii ogafaanichaa keessatti illee tajaajila qabatamaa qaba.

Jalaa-qabni / jala gooduun amala afaanii biraa akkaatummaan ittiin mul'atu yoo tahu raawwii weedduu keessatti irra deddeebi'amee waan dhufuuf amala marmaartuu qaba. Raawwii gooroo ogafaanii keessatti jamaan afooleen gaggeeffamanii gaaleewwaan yookiin jechoota ijoo irra-deebi'uun kan sagaleessan jechuudha. Dura bu'aan jalqabee, jamaan harkaa fuudhee kan jedhu yoo ta'u; geerarsa keessatti cooka jedhama. Amalli akkaatummaa kun weelluuwwaan Afrikaa keessatti hedduminaan kan mul'atan yoo tahu, kan kallattiin himamurra ergaan akkaataa kanaan darbu hiikkaa bal'aafi adda addaa akka qabaatuuf gargaara (Finnegan, 1970).

Amalli xiinqooqaa akkaatummaa ogafaanii xiinxaluuf galtee tahu kan biraan ibsawwaan jechoota unka murtaa'ooti. Afwalaloon Oromoo amala akkasii kan qabaatu yoo unka walfakkaataa guutummaa raawwii afwalalichaa keessatti mul'atedha. Raawwii ogafaanichaa keessatti jamaan xiyyeeffannoo kennee akka dhaggeeffatu; yaada biraatiin qalbiinsaa akka hinfudhatamne mala gargaarudha. Magoun (1953, f. 446) dhimma murteeffama caasaa afwalaloo keessatti mul'atu irratti yaada Parry (1950) fudhachuun afwalaloon foormulaa ittiin kalaqamu amala murtaa'aa qabaachuu ibsa. Kun immoo afooleen jamaa gidduutti raawwii yeroo gaggeessu walaloo akka battalumatti maddisiisu isa gargaara jedhee amana. Caaseffamni kunis yeroo dheeraa keessa ijaaramaa kan dhufe tahuu ibsa.

> [T]he unlettered singer, ordinarily composing rapidly and extempore before a live audience, must and does call upon ready-made language, upon a vast reservoir of formulas filling just measures of verse. These formulas develop over a long period of time; they are the creation of countless generations of singers and can express all the ideas a singer will need in order to tell his story, itself usually traditional. (Magoun 1953, f. 446)

Kanaaf, raawwii weelluu jaalalaa Oromoo keessatti caaseffamni murtaa'aa walfakkaataa haala fufiinsa qabuun hojiirra ooluu isaa xiinxaluun dhimma akkaatummaa afwalalichaa xiinxaluuti.

**B. Amaloota Hurruubbii**

Raawwii ogafaanii keessatti dubbii afaaniin ala sochiin qaamaafi mallattoolee gara garaatu hojiirra oolu. Mallattooleen fuulaan mul'ifaman, ol-ka'uufi gad-bu'uun sagalee, sochiin harkaafi miilaa jechoota afaanii baafamanii sagaleeffaman deeggaru; raawwii gochichaas qabatamaan mul'isu. Shubbisnis qaama akkaatummaa kanaati. Kanaafuu, qorannoo akkaatummaa afwalaloo keessatti hammatamuu malu.

Akkaatummaan hurruubbii keessaan mul'atu sagaleessa-yaadaa, gumaacha meeshaalee muuziqaafi sochiin safara sagaleef taasisu keessaan ibsama. Xiinxalli gagggeeffamuus gama

kanaan ilaalamuu mala. Akkaatummaan sagaleessa-yaadaa dhiibbaa sagaleen yaada afwalaloo keessatti ibsamu sanarratti fidu xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Yaadni ibsamu kun akkaataa sagaleeffama jechootaa keessatti ergaa ibsamu yoo tahu, sagalichi ofii isaatii addatti hiika qabaachuu hindanda'u. Haaluma walfakkaatuun raawwii afwalaloo keessatti meeshaaleen muuziqaa faayidaarra oolan akka yaada sagaleessuutti tajaajilu (Okpewho, 1992).

Fayyadama meeshaalee Muuziqaa mala akkaatummaa raawwii ogafaanii keessatti ramadamu biraa yoo tahu, ergaan darbu yeedalloon dabaalame safara sagalee eeggatee haala hawwataafi qalbii jamaa hawwachuu danda'uun akka darbu taasisa. Unatni sagalee akkaatummaa ogafaanii mul'isa. Rukuttaa dibbee, qaacila bilbilaafi sochii qaamaan unatni sagalee eegama. Sochiin shubbisaa, ragadni mormaa, dhiichisni miilaa, sochiin harkaafi mallattooleen fuula namootaa irraa dubbifaman raawwiin tokkoo kan gammachuu ykn kan gaddaa tahuu ni mul'isu. Kun ammoo guutummaatti akkaatummaa raawwii ogafaanichaa mul'isa.

**C. Afoolee, Raawwiifi Jamaa**

Dhimmi xiinxala akkaatummaa ogafaanii xiinxala gumaacha afoolee, raawwiifi jamaa malee guutuu hintahu. Hurruubaan ogafaanii tokkoo afoolee jedhama. Hurruubbiin immoo amala bu'uuraa ogafaan keessaa tokko. Akka Ben-Amos (1975) jedhuttis, ogafaan hurruubbii malee kan yaadamu miti. Dhimmi raawwii yeroo ka'u jiraachuun jamaa murteessaadha. Irra jireessaan raawwii ogafaanii keessatti jamaan dhaggeeffataa /daawwataa qofa osoo hintaane hirmaataa raawwichaati. Hirmaannaan jamaa si'aayina raawwii ogafaan tokkoof gumaacha guddaa kan qabu yoo ta'u kan dura bu'ee raawwatu sanaaf humna ta'uun kalaqummaan isaa akka misu gargaara. Yaada kana Nketia (1975, f. 33) qorannoo gaggeesse keessatti "…the presence and participation of the audience influences the animation of the performance, the spontaneous selection of music, the range of textual improvisation and other details and this stimulus to creative activity is welcomed and even sought by the performer" jechuun ibsa.

Walumaagalatti afooleen tokko raawwii ogafaanii keessatti ergaa jamaatti dabarfachuufis ta'e bohaarsuuf malleen akkaatummaa gara garaa fayyadama. Akkaatummaan fayyadama 'akkaataa dubbii' xiinqooqaanis tahe xiinqooqaan-ala dhiibbaa hawwattummaa ykn ergaafi duudhaaf kan itti fayyadamnudha.

Bauman (1984) akka ibsutti, hariiroofi gumaachi hurruubbaa, jamaafi yoomessaa akkaataa raawwii afwalaloo keessatti xiyyeeffannoo argachuu malu. Kanaafuu, qorannoo akkaatummaa ogafaan keessattis xiyyeeffannoon akka itti afooleen mala gara garaa fayyadamuum yaada qabu dhiyeeffatu irratti ta'uu mala. Malleen kunis filannoo jechootaa, caaseffama sagalee, jechaafi himaa, akkasumas deeggarsa hurruubbii tahuu malu. Kanarraas wanti hubatamu xiinxalli akkaatummaa ogafaanii fayyadama xiinqooqaafi malleen quunnamtii / hariiroo biroo fayyadamuun afooleen tokko gooroo ogafaanii gara garaa ittiin hurruubu giddu galeeffachuu qaba.

## 2.3. Dayeessa Qorannichaa

Qorannoon kun yaaxxina akkaatummaa kan fayyadame yoo tahu, dayeessa qorannichaa haala gooroo ogafaanii xiinxalamuuf mijatutti ibsa amaloota xinqooqaa, akkaatummaa gama hurruubbiin

jiru waliin walitti fiduun qindeeffameera. Haaluma kanaan, akkaatummaan ogbarruu keessatti saayinsii hariiroo ergaafi akkaataa hojii ogbarruu tokkoo xurree xinqooqaa hordofuun xiinxaluuti. Simpson (2004), akkaatummaan saayinsii waa'ee unkaa roga adda addaan qoratudha jedha. Hojii ogbarruu tokko keessattis fayyadamni afaanii sadarkaalee dhaamsagaa, himaa, hiikaafi haalawwaan dubbii dhiibbaa ergaa isaa irratti fidu qorachuu irratti xiyyeeffata. Akkasumas, Lazar (1993, f. 31) akkaatummaa xiinxala gad-fagoo hafee ogumaa irratti gaggeeffamuufi carraa shaakala afaan qorachuu kan kennuu ta'uu eera. Kana malees, akkaatummaan qorannoo ogbarruufi xinqooqaa gidduutti riqicha tahee walitti fiduu nu hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun Ashannaafiifi Eebbaan (2019, f. 97); Short (1996) wabeeffachuun, “The stylistic analysis can be conducted at five levels of style: phonological, lexical, morphological, syntactic and artistic levels” jechuun ibsu. Kunis qaaccessi akkaatummaa sadarkaalee shaniin (xiindhaamsaga, xiinhiika, xiinlatii, xiinhimaafi aartii) qoratamuu akka danda'amu mul'isa. Sadarkaa xiindhaamsagaatti akkaataan itti fayyadama akkaatummaa sadarkaalee sagagaleelee, rukunnaa, meetira, irradeddeebbii, dubbifamaafi dubbachiiftuutti ilaaluun nidanda'ama. Sadarkaaleen xiinhiikaa immoo jechoota filatamoo murtaawoo, jechoota hiika kallattiifi walitti siiqan, jechoota hiika faallaafi hariiroo fakkaataa qabanirratti xiyyeeffata. Sadarkaaleen xiinlatii akkaataa qoqqoodinsa caaslugaa irratti xiyyeeffata; xiinhimni immoo hariiroo jechootaafi akkaataa caaslugichi itti qindaaa'e adeemu irratti xiyyeeffata. Gama biraan immoo sadarkaalee aartiitti waantoonni ilaalamuu qaban gulantaa dhaabbiifi dhugaa dubbii akkaatummaatti akka ilaalamu ibsu.

Qorannoon kun akkaatummaa weelluu jaalalaa gama amaloota xiinqooqaa sadarkaalee dhamsagaa, himaafi hiikaatti kan daangeffame yoo tahu, dabalataan akkaatummaa raawwii weelluu keessatti mul'atan qaama xiinxala qorannichaa taasifateera. Sadarkaa xiindhamsagaatti caacculee unata sagalee (rukkunnaa), irra deddeebbii, dubbifamaafi dubbachiiftuu irratti kan xiyyeeffatu yoo tahu, sadarkaa xiinhimaaatti immoo gumaacha hiika sirrii, irra deddeebbiifi hiika faallaatu ilaalame. Kana malees, xiinhiikni gumaacha xiinxala dubbiiwwaan qolaa achi keessatti mul'atan xiinxaluuf oole. Kanaafuu, dayeessi qorannichaa akkaatummaa bifa lamaan kan ilaale: akkaatummaa sadarkaa raawwiifi akkaatummaa sadarkaa hiikaatti mul'atu irratti xiyyeeffate.

## 3. Malleen Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa akkaatummaa weelluu jaalalaa Oromoo Maccaa xiinxaluudha. Xiinxala akkaatummaa gaggeessuun saxaxa qorannoo akkamtaa akka barbaadu barreessitoonni adda addaa ni ibsu (Finnegan 1970, Okpewho 1992). Qorattoonnis yaada kana bu'uura godhachuun mala kanatti dhimma bahaniiru. Ragaaleen qorannichaas weelluuwwaan jaalalaa yoomessa gara garaa keessatti weellifaman afgaaffiifi muuxannoo qorattoonni aadaa sana keessatti dhalatanii guddachuun argatan irratti hundaa'uun kan walitti qabamanidha.

Odeefkennitoota qorannichaa murteessuuf immoo mala iddatteessu akkayyootti dhimma bahaniiru. Haaluma kanaan, qorattoonni iddatteessuu qorannoo kanaatiif namoota weelluu jaalalaa ilaalchisuun muuxannoofi beekumsa qaban maanguddoota, dubartoota, dargaggoota, shamarraniifi muuxannoo ofiin qabanitti dhimma bahaniiru. Odeefkennitoonni filaman kunniin

namoota mammaaksa, weelluu jaalalaa, geerarsa, oduu durii, aadaa hawaasichaafi kan kana fakkaatan nibeeku jedhamanii eeraman gaafachuun jalqabe. Odeefkennitoonni ragaan irraa argames weelluu jaalalaa amma yaadatan kan qorattootaaf himan yoo tahu waa’ee hurruubbii isaatiis haaluma walfakkaatuun gaaffii gaafatamaniif ibsa kennaniiru. Mala darbaa dabarsaatiin odeef-kennitoota biroo waa’ee gooroo afwalaloo kanaa muuxannoo qaban iyyaafachuun ragaa barbaachisu walitti qabuun danda’ameera. Bu’uuruma kanaan, dhukootni weelluu jaalalaa digdamii sagal (29) ta’an hariiroo mata duree qorannoo waliin qabaniin gara barreeffamatti jijjiiruun xiinxalli gaggeeffameera.

Qorannoo kun madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa of-keessatti hammachuun kan gaggeeffame yoo tahu; akka madda ragaa tokkoffaatti maanguddootaa, dubartootaa, dargaggootaafi shammarran raawwii weelluu jaalalaa irratti muuxannoo qaban hojiirra oolaniiru. Barruuwwaan / kitaabileen gara garaan kuusaa weelluu jaalalaa qabatanii maxxanfaman ammoo akka madda ragaa lammaffaatti fudhatamaniiru. Ragaaleen bifa armaan olitti ibsameen funaanaman yaaxxina akkaatummaa hordofuun mala qaaccessa addeessaan xiinxalamaniiru. Adeemsi qaaccessa ragaalee kanaas amaloota xiinqooqaa weelluun funaanaman mul’isan akkasumas akkaatummaa raawwii weelluu adda qooduun erga gooreffamanii xiinxala gaggeessuufi hiika itti kennuu kan hordofedha. Ragaalee sagaleedhaan fudhataman gara barreeffamaatti deebisuun bifa xiinxala akkaatummaatiif ta’uun qindeessuudhaaf qorattoonni irra-deddeebi’uun dhaggeeffatanii, sagalee weelluu keessatti bakka afooleen ykn weellistoonni hafuura fudhatan, qorattoonni akka toora walaloo tokkootti kan fudhatan yoo ta’u, gara dhukaatti qooduudhaaf ammoo walfakkeenya dhimma xiyyeeffannoo (qabiyyee) toorri walaloowwan weelluu kun irratti fuulleffatan irratti hundaa’uun gargar qoodamaniiru. Ragaaleen raawwii ilaallatan afgaaffiin walitti qabaman bifa seenessaafi ibsaan kan dhiyaatan yoo tahu, ragaaleen hafeewwaan weelluu gara garaa keessaa fudhataman akka mul’istuu akkaatummaa bifa gara garaatti dhiyaatan immoo xiinxala xiinqooqaa sadarkaalee dhamsagaa, jechaa, himaafi hiikaatti qoqqooduun akkaataa itti amaloota xiinqooqaa fayyadamuun afooleen ergaa ittiin dabarsu xiinxaluun ibsameera.

## 4. Dhiheessaafi Xiinxala Ragaalee

### 4.1. Akkaatummaa Raawwii Weelluu Jaalalaa

Kutaa kana keessatti ibsa haala raawwii akkaatummaa weelluu Oromoo Maccaatu gabaabinaan dhiyaate. Ragaan odeefkennitoota irraa bifa gara garaan argame akka addeessutti weelluun jaalalaa kan dorgaggeessi shamarree jaallateef; akkasumas shamarreen dargaggoo jaallatte tokkoof yaada keessoo ofii ittiin ibsatanidha. Kanaafuu, weelluun jaalalaa kan dargaggeessaafi shamarreen ittiin wal-leellisan, wal-faarfataniifi wal-komatanidha. Akka ragaan argame ibsutti yeedaloon weelluu jaalalaa Oromoo Maccaa akkaataa gurguddaa lamaan (dhuunfaafi gareedhaan) dhihaata.

Gareedhaan kan weellifamu waljalaa qabuun dhiiraafi dhiira yookiin dhiiraafi dubara, akkasumas, dubaraafi dubara ta’uun kan taphatamudha. Yeroo baay’ees sirba gaa’elaafi Masqalaa waliin kan dhihaatu ta’ee fedhiifi miira jaalala ofii kan ittiin waliif dhiheessanidha. Haaluma kanaan weelluun jaalalaa Oromoo Maccaa akkaatummaa kumkummee, geelloo,

shubbisaa, oltumeefi gad-tumeen meeshaalee muuziqaa kanneen akka dibbeefi dubbisa ‘kabaroo’ fayyadamuun haala miidhagina addaa qabuun kan dhihaatadha. Dhimmi kunis rukunnaa dibbee ykn dubbisa / ‘kabaroo’ waliin walsimatee geengoo uumuun ykn fuulaan walitti galagaluun ykn morma bitaafi mirgaa walbira dabarsaa bifa daran nama gammachisuu danda’uun kan dhihaatu ta’uu qorannichi quba qabsiisa.

Akka yaadni odeefkennitootaa mul’isutti dandeettiin hurruubbii kaayyoo weelluu galmaan ga’uuf murteessaadha. Namoonni dandeettii hurruubbii qabanis adeemsa jaalallee horachuu keessatti bakkaa guddaa qabaatu. Kanaafuu, jechoota fayyadamanirratti dabalataan akkaataan itti geellisan madda dinqisiifannaafi hawwannaati. Raawwiin weelluu jaalalaa Oromoo Maccaas yoomessa hawaasummaa gara garaa keessatti mul’atu sochii, meeshaalee muuziqaafi akkaataa hirmaannaa mataa ofii qabaachuu qorannichi ni akeeka. Fakkeenyaaf, akka ragaaleen asiin gadii mul’isanitti yoomessa sirna gaa’elaa keessatti raawwiin weelluu rukunnaa dibbee yookiiin dubbisaa / ‘kabaroo’ eeganii wal jalaa qabuun kumkummeen, geelloon, shubbisaafi oltumeefi gad-tumeen dabaalamee jaalallee ofii waliin ta’uun kan dhiyaatudha:

| | |
|---|---|
| *1 Saawwaan abbaa Guddataa* | *Damma kooyyee* |
| *2 Loon gamaa dheedu qarmii* | *Damma kooyyee* |
| *3 Kansaa kansaa dubbataa* | *Damma kooyyee* |
| *4 Maaf namaa hinbeeku ormii.* | *Damma kooyyee* |

Egaan akkuma dhuka walaloo asiin oliirraa hubachuun danda’amutti weelluun jaalalaa kun sirba gaa’elaa waliin waljalaa qabuun (jala gooduun) sochiilee kanneen akka kumkummeen, geelloon, shubbisaafi oltumeefi gad-tumeen dabaalamee jaalallee ofii waliin ta’uun dhihaata. Akkaataan dhihaanna isaas walmararfannaa jaalalleewwan lamaan gidduu jiru daran kan calaqqisiisuufi madda waldinqisiifannaa ta’ee kan taajaajilu ta’uu qorannichi ni mul’isa.

Gama biraan immoo yoomessa sirba Masqalaa keessattis bifa kottu-dhufeen waljalaa qabanii sochii miira jaalallee ofii hawwatuun shamarran ykn dargaggoota lama ykn sadiin, dibbee ykn dubbisa / ‘kabaroo’ rukutaa, dargaggeeyyiin immoo kumkummeen, geelloon, shubbisaan, oltumeefi gad-tumeen haala jaalallee ofii ajaa’ibsiisachuu danda’aniin raawwatu.

| | |
|---|---|
| *1 Beenu hora buunaa* | *Iyyaasee* |
| *2 Caancoo obaaffannaa* | *Iyyaasee* |
| *3 Kottu walfuunaa* | *Iyyaasee* |
| *4 Yaaddoo obbaafanna.* | *Iyyaasee* |
| *5 Amuruufi Horroo* | *Iyyaasee* |
| *6 Walittoo lamaa* | *Iyyaasee* |
| *7 Gaaraan jaalalaa* | *Iyyaasee* |
| *8 Walittoo gama.* | *Iyyaasee* |

Akkuma dhukootni walaloo asiin olii lamaan mul’isanitti weelluun jaalalaa gareen dhihaatu yoomessa sirba Masqalaa waliin dabaalamuun bakka jaalalleewwaan lammeen walarguu

danda'anitti dhihaata. Akkataan dhihaannaa isaas waljalaa qabuun (jala gooduun) kan dhihaatu ta'ee sochiilee kanneen akka kumkummeen, geelloon, shubbisaan, oltumeefi gad-tumeen jedhamaniin dabaalamee haala daran nama bohaarsuu danda'uun kan dhihaatudha. Sochiin kunis harkisa guddaa kan qabuufi haala baay'ee namatti toluun kan dhihaatudha. Qorannichis sochiifi shubbisa sana malees jechoonni addatti humna harkisaa akka hinqabaanne mul'isa.

Gama biraan immoo ragaan odeefkennitoota irraa fudhatame akka ibsutti, yeedaloon weelluu jaalalaa dhuunfaadhaan dhihaatu dargaggoon yookiin shamarreen tokko yoomessa mataa isaanii (yeroo adamoo, yemmuu karaa deeman, yeroo bishaan waraaban, yeroo qoraan funaanan, yeroo meesaa meesan, haramaaa haraman, midhaan eeganiifi kkf) keessatti bakka jaalalleen isaanii dhagahuu danda'an yookiin qophaa ofii ta'uun meeshaalee muuziqaa kanneen akka kiraara, ululleefi ximboo fayyadamuun ykn meeshaalee muuziqaa kanneeniin ala sagalee kiilolee fayyadamuun dhageettii keessoo isaanii kan ittiin ibsatan ta'uu mirkaneessa. Haaluma Kanaan qorannoo kana keessatti akkaataan dhihaannaa isaa meeshaalee muuziqaa waliin ykn meeshaalee muuziqaa malee dhihaachuu kan danda'u akka ta'e adda baheera.

*1 Yoo sangaan qotuu didee,*
*2 Jimmattan gad dhidhimsaa,*
*3 Yoo garaan obsuu didee,*
*4 Cirrachan shan liqimsa.*

*5 Areera raasuu mannaa,*
*6 Kantaraa raasuu wayyaa,*
*7 Bareedduu dhabuu mannaa,*
*8 Shantama baasuu wayyaa.*

Dhukootni walaloo kunniin weelluu jaalalaa dhuunfaan dhihaatu akkuma kan gareen dhihaatuu karaa ittiin dhageettii keessoo ofii akkaataa barbaadaniin ibsatan akka ta'e dhugoomsa. Akkuma dhukootni walaloo lammeen ibsanittis jaalala dhugaa waliif qaban dhandhamuu gaafa dhaban wanta raawwatamuu hinqabne raawwachuu (cirracha shan liqimsuufi qorshii hedduu baasuun akka salphatu) mul'isa. Kanaafuu, bo'oowwaan walaloo kanneen keessatti weellisaan/tuun iddoowwan adda addaatti dhageettii keessoo isaanii akkaataa sagalee kiilolee isaaniin hawwattummaa ofii daran dabaluun akka dhihaataniif faayidaa guddaa qabaachuu mul'isa.

Walumaa galatti, hawwannaan weelluu jaalalaa jechoota dhimma itti ba'aman irratti qofa kan hunda'u osoo hintaane, akkaataan raawwii isaa jabinaafi miidhagina isaaf bakka guddaa qaba. Akkaataan sochiin qaamaa, rukuttaa meeshaalee muuziqaa, sagaleessaafi dhiichifni jechoota waliin ta'uun weellistoota miira jabaa keessa isaaniitti uuma. Hawwannaan gooroo kanaafi jabinni ergaa isaatiis sochiiwwan kana malee humna hinqabaatu. Kanaafuu, weelluu jaalalaa Oromoo Maccaa keessatti akkaatummaan bifa raawwiin mul'atu akkuma jechoota hawwattoo afooleen afaanii baafatu gumaacha miirummaa ol'aanaa akka qabu qorannichi nimirkaneessa.

### 4.2. Xiinxala Akkaatummaa Weelluu Jaalalaa

Weelluun jaalalaa wantoota aadaafi safuu Oromoo keessatti raawwataman bilchinaan ibsuurra darbee itti fayyadamaa afaanii sirnawaafi hawwataa ta'e kan of-keessa qabudha. Kanaafuu, kutaa kana keessatti ragaalee ibsoota akkaatummaa qabiyyee walaloo weelluu jaalalaa gama dhaamsagootaan, caas-himaafi xiinhiikaan jirantu dhiyaate.

#### 4.2.1. Akkaatummaa Qindaa'ina Dhaamsagootaa Weelluu Jaalalaa

Amaloota xiinqooqaa akkaatummaa weelluun jaalalaa mul'isan keessaa tokko qindaa'ina dhaamsagootaati. Odeeffannoon odeefkennitootarraa argames qindaa'inni dhamsagootaa yeedalloo walaloo welluuf miidhagina uumuun hawwataa akka ta'u taasisuu mirkaneessa. Amala kana gonfachuufis akkaataan itti dhikkisa walaloofi irra-deddeebiin dubbifamaafi dubbachiiftuu miidhagina weelluutiif gumaachan ilaaluun barbaachisa. Qoqqooddiin dhaamsagootaa xiinxala dhamdhama addaa weelluu jaalalaa hubachiisuuf waan tajaajiluuf, asiin gaditti hafee fudhachuun gumaacha qindoominni dhamsagootaa akkaatummaaf qabu hubachuun nidanda'ama:

*1 Abarraan tumaa tumaa,*
*2 Amartii qalloo tokkoo,*
*3 Turamman sirraa kutaa,*
*4 Namittii farroo tokkoo!*

*5 Jimmaafoo Jimma Jimmaa,*
*6 Walakkaat Gibe malee,*
*7 Jirraafoo jirra jirraa,*
*8 Walargaat dhibe malee.*

*9 Yaa Giddaa gabaa Geendoo,*
*10 Yoo midhaan gufuu yaabdee,*
*11 Na hinyaadduu garaa keettoo?*
*12 Yoo miilaan dhufuu baatte...*

*Gabatee-1: Qoqqoodinsa Ibsoota Akkaatummaa Dhaamsagootaa Weelluu Jaalalaa*

| *Jalqabarra* | *Dubbifamaa* | *Dubbaciiftuu* | *Walunata* |
|---|---|---|---|
| **T**umaa **t**umaa<br>**J**immaafoo **J**imma **J**immaa<br>**J**irraafoo **j**irra **j**irraa<br>**G**iddaa **g**abaa **G**eendoo | Tumaa tumaa<br>Jimmaafoo Jimma Jimmaa<br>Giddaa gabaa Geendoo | Tumaa tumaa<br>Jimmaafoo Jimma Jimmaa<br>Giddaa gabaa Geendoo | tumaa (a)<br>tokkoo (b)<br>kutaa (a)<br>tokkoo (b)… |

Akkuma bo'oowwaan walaloo asiin olii sadaniifi gabatee kanarraa hubachuun danda'amutti weelluun jaalalaa qindaa'ina dhaamsagootaa jalqaba, gidduufi xumura jechootaarratti dubbifamaafi dubbachiiftuun marmaaruu ni mul'atu. Haaluma kanaan qaaccessi qorannichaa marmaartuun dhaamsagootaa bo'oo tokko keessatti ykn bo'oowwan walaloo 1$^{ffaa}$ kan 3$^{ffaa}$ waliin, 5$^{ffaa}$n kan 7$^{ffaa}$ waliin akkasumas bo'oowwan 2$^{ffaa}$ kan 4$^{ffaa}$ waliin, 6$^{ffaa}$n kan 8$^{ffaa}$ waliin irra deddeebi'uun nimul'ata. Kun immoo dhandhamni walalichaa miidhagee namoonni weelluu kana keessatti qooda fudhatan akkaataa barbaadamuun yookiin yeedalloo sirrii fayyadamuun akka weeddisaniif

miidhagee kan kalaqame ta'uu akeeka. Akkaataan qoqqoodinsa birsagoota isaas tokkoomee qindaa'e. Kana malees, bilbilli sagalee qindoomina walfakkaataa (ABAB) qabaachuun baay'inni birsagoota akkaataa walgituu qindeeffamuu xiinxalli gaggeeffame nimul'iusa.

Gama biraan immoo bo'oowwaan weelluu muraasa asiin olii keessatti bilbilli sagalee qindoomina (ABAB) jechuun mul'ateen ala darbee darbee bilbila sagalee sududaa (AAAA) qabaachuun dhihaachuu akka danda'u ragaaleen dhihaatan nimirkaneessu:

*1 Gabaa Dhugumaa Jal<u>duu</u>,*
*2 Danbii jala dhaabba<u>tuu,</u>*
*3 Jabeessii na dhunga<u>dhuu,</u>*
*4 Biyyi ormaa biyya hintaa<u>tu.</u>*

*5 Bishaate goosuun sar<u>ee</u>,*
*6 Maaltu siif harcaasa<u>ree</u>,*
*7 Nan yaade booruu ija<u>kee,</u>*
*8 Maaltu si fakkaata<u>ree.</u>*

Akkuma dhukoota walaloo lammeen irraa hubachuun danda'amutti bilbilli sagalee dhuma bo'oowwaani irratti bifa walfakkaatuu kan goolabamanidha. Haata'u malee, akkaataan sagaloonni yeedalloo itti horatan fudhannee yoo ilaallu walaloo jalqabarratti ibsamee (ABAB) kan qindaa'an fakkatu. Ta'us, qindaa'inni walalichaa xumura bo'oowwan walaloo hundarratti bilbila sagalee walfakkatuun (AAAA) xumurame. Kanaafuu, qinaa'inni dhaamsagoota weelluu jaalalaa gama lamaan dhihaatan dhandhama ykn miidhagina walalichaa daran dabaluun walalichi yeedalloo bareedaan akka dhihaatu taasisa. Haaluma kanaan xumurri birsaga bo'oowwaan walaloo 1-4 tti dhihaatan jechoota akka 'Jal**duu**', 'dhaabba**tuu**', 'nadhunga**dhuu**', 'hintaat**uu**' jedhaaniifi akkasumas bo'oowwaan walaloo 5-8 jiran keessatti birsagoota akka 'sa**ree**', 'harcaasa**ree**', 'ija**kee**'fi 'fakkaata**ree**' jedhan argina. Kun immoo qindaa'inni bilbila sagalee xumura birsagootaa (ABAB / AAAA) ta'uu akka danda'u nu hubachiisa. Kanaafuu, akkaataan dhihaannaa dhaamsagoota asiin olii walfakkaachuun namoota hedduu biratti weelluu jaalalaa daran jaallatamaafi hawwatamaa akkasumas yeedalloo gaariin akka dhihaatu kan taasisu akka ta'e qorannichi nihubachiisa.

### 4.2.2. Akkaatummaa Caaseffama Himootaa Weelluu Jaalalaa

Weelluu jaalalaa keessatti akkaataa himoonni itti caaseffaman adda addaa argina. Akka ragaaleen mul'isanitti caasaaleen himoota kunniinis kallattii akkaatummaan yoo ilaalaman walfakkiin, irra deddeebbiifi walfaallaan kanneen dhihaatantu heddummaata. Walfakkiin yeroo baay'ee tokkummaa safara bo'oowwaanii irratti kan bu'uureeffatuufi walgitiinsa ergaa irratti kan xiyyeeffatudha. Qabxiileen kunniin immoo rukunnaa / dhikkisa walaloo sanaa miidhagsuun walalichi daran akka walunatu taasisa. Kana malees, walfakkiin tokkummaa qabxii ijoo lamaafi isaa ol ta'an irratti kan hundaa'e ta'uu danda'a. Kunis, walfakkiin rukkunnaa, yaadaafi unkaa

ta'uu akka danda'u agarsiisa. Bu'uuruma kanaan ibsootni akkaatummaa kunniin walfakkii caaseffama himootaan kan qindaa'u akka ta'e hubachiisa:

**5.**

1. ***Abbaankee qalii qalaa***,
2. *Foon murtee nan nyaachiftuu?*
3. ***Sarbaakee nadhii kanaa***,
4. *Olfuutee nan baachiftuu?*

**6.**

5. ***Sangaa guddaaf haatoluu,***
6. *Kan cidii cagadannee,*
7. ***Sanbat-guddaaf haatoluu,***
8. *Kan liphii wal-agarre.*

**7.**

Akkuma walaloo welluu jaalalaa kanneen irraa hubachuun danda'amu walfakkeenyi akkaataa caaseffama gaalewwaan bo'oo hundaa akkaatummaa weelluu sadarkaa xiinhimaa mul'isuu hubanna. Dhuka walaloo $1^{ffaa}$ keessatti bo'oowwaan $1^{ffaa}$fi $3^{ffaa}$ jechootni himoota ijaaruu keessatti gurmaa'an bifa walqixxummaa rukunnaa mirkaneessaniin kan qindaa'aniidha. Gaaleewwaan 'abbaankee qalii qalaa' kan jedhuufi 'Sarbaakee nadhii kanaa' jedhan walqixxummaan jechootaa gama bilbila sagaleefi hiikaan kallattii walgitaniin kan qindaa'aniidha. Bifuma walfakkaatuun bo'oo $2^{ffaa}$fi $4^{ffaa}$ keessatti 'Foon murtee nan nyaachiftuu?' jedhuufi 'Olfuutee nan baachiftuu?' jedhan qindaa'ina walfakkaatu qabu. Dhuka walaloo $2^{ffaa}$ keessattis gaalewwaan bo'oo walaloo $5^{ffaa}$fi $7^{ffaa}$ akkasumas, bo'oowwan $6^{ffaa}$fi $8^{ffaa}$ keessatti duraa duubaan 'Sangaa guddaaf haatoluu' jedhuufi 'Sanbat-guddaaf haatoluu, kan jedhan; akkasumas 'kan cidii cagadannee' fi 'Kan liphii walagarre' jedhan gama bilbila sagaleenis ta'e qindaa'ina qabaniin akkaatummaa walfakkaatuun kan qindaa'anidha.

Akkasumas akka ragaaleen mul'isanitti amalli sararoota bifa walfakkaatuun caasessuu amala walaloowwaan weelluu jaalalaa keessatii bu'uuraan kan mul'atu yoo tahu, raawwii weelluuf hariiroo miidhaginaa dabaluu irra darbuun gama ergaa dabarsaniinis caaseffamoonni akkasii gumaacha guddaa qabachuu mul'isa. Bifuma armaan oliitti dhiyaateen walaloon kanaa gadiitti dhiyaatanis caaseffama walfakkaatu qabaachuun dhangala'a yaadaafi miidhagina yeedallootiif gumaacha guddaa gochuu hubachiisa.

*1* ***Qamaleen muka hinmurtuu,***
*2 Weenniin jala* ***daaddisaa***,
*3* ***Ergaan warrakee hindhumuu,***
*4 Beenu teenya* ***gaaddisa***.

**8.**

*5 Laaftoo seeranii gogsuu,*
*6* ***Bakkannisan dadhabee,***
*7 Guyyaa deemanii obsuu,*
*8* ***Halkan ciisan dadhabe***.

**9.**

*9* ***Amuruun dhaqi jedhuu****,*
*10 Jaartee dhaqi hinjedhanii,*
***11 Beeloftee nyaadhu jedhuu,***
***12 Dheebotte dhugi jedhuu****,*
*13 Yaaddee dhaqi hinjedhani.*

Dhukoota weelluu jalalaa sadan asiin oliirraa akka hubachuun danda'amutti bo'oowwan walaloo haala walfakkaatuun waliin qindaa'aa deemuu hubanna. Haaluma kanaan, dhuka walaloo 1ffaa bo'oo 1ffaa fi 3ffaa keessatti himootni 'Qamaleen muka hinmurtuu'fi 'Ergaan warrakee hindhumuu' kan jedhan sadarkaa yaadaafi birsagaan illee walfakkaachuun kan qindaa'an yoo ta'u, hariiroo hiikaan illee walitti dhiyaachuu isaanii tokkummaa caaseffama isaanii nimul'isa. Bifuma walfakkaatuun bo'oowwaan 2ffaafi 4ffaa walgita sadarkaa yaadaafi birsagaan safara walfakkaatu qabu. Bo'oowwaan dhuka walaloo itti aananii jiraniillee hiikaafi unka walfakkaatu irraa kan tolfamanidha.

Dhukti bo'oowwan walaloo xumuraas (9-13) unkaafi caasaa himaan haaluma barameen dhiyaatee jechoota hiika walfakkaatu qaban irra deddeebi'iin fayyadamu hubanna. Qindoominni caasaa himaa kun ergaa dabarfamuu barbaade waliin hariiroo kan qabu yoo ta'u, eeyentaafi hi'entaa adda baasuuf kan tajaajiludha. Kan abbaan (ofii) fedhe raawwachuun dhorkaa ta'ee fedha nama biroo raawwachuutu eeyyamamaa ta'uu, fuggisoo yaada keessoon wal'aansoo ofqabuu mul'isa. Haaluma kanaan, bo'oowwan walaloo 11ffaa fi 12ffaa keessatti waliin hariiruun nyaataafi dhugaatii eeyyamamoo kan ta'aniifi yaada bo'oo 9ffaa irra jiru waliin caaseffamaan tokko ykn walfakkaachuu mul'isu. Kanaaf, walaloo kana keessatti wanti unka caaseffama walaloo weelluu jaalalaan ala dhihaate fakkaatu jiraatus tokkummaa akkaatumaa kan sharfisiise miti.
Asiin gaditti immoo rukkunnaa miidhagina weelluu jaalalaa keessatti kan mul'atu tokkummaa jechootaa caasaa himaa keessatti irra deddeebbiin dhihaate haa ilaallu:

*1* ***<u>Yommuu</u> gugeen baala raaftuu****,*
*2 Soofeen addeesse rigaa****<u>koo</u>****,*
***3 <u>Yommuu</u> narraan tokko yaadduu,***
*4 Maalan balleesse hiriyyaa****<u>koo</u>****.*

***5 <u>Yaa</u> allaatti manarraa,***
*6 Shumburaa naa carcarii,*
***7 <u>Yaa</u> garaa koo baranaa,***
*8 Hundumaa naa danda'ii.*

***9 <u>Kottu</u> harree feena <u>jennaan</u>****,*
*10 Teepha* ***<u>hin</u>****shararu* ***<u>jettee</u>,***
***11 <u>Kottu</u> wajjiin teenya <u>jennaan</u>,***
***12 <u>Deegaa</u> <u>hin</u>jaalladhu <u>jettee</u>,***
***13 <u>Deegni</u> illee akaakuu mitii,***
*14 Yaa shaggee kaarruu shifii.*

Walaloo weelluu jaalalaa asiin olitti dhuka sadiin dhihaatan irraa wanti hubatamu caaseffamni himootaa ykn gaaleewwaanii tokkummaa qabaachuu isaa yoo ta'u, dabalataan irra deddeebbiin jechootaa jalqabaafi dhuma gaalewwaanii keessatti mul'achuudha. Kun immoo unatni walalichaa daran dabalee walalichi yeedalloo garii horachuun gurra jaalallee ofiitti bifa toluun akka dhagahamuuf kan qindaahedha. Kanaafuu, qindaa'ina weelluu jaalalaa keessatti tokkummaan akkaatumma kallattii himaan sadarkaa jechootaatti irra-deddeebbiin kan mul'atu ta'uu ragaaleen dhihaatan nimul'isu.

Gama biraan immoo weelluun jaalalaa himaan dhihaatan keessatti akkaatummaan kallattii walfaallaan dhihaachuu danda'uu isaati. Kunis, akkaataa caaseffamma hima keessatti ergaan bifa faallaa ta'een qindaa'ee mul'ata:

*1 Andoodeen kutaa hinaddeessuu,*
*2 Lakkii kutaa sana miiccii,*
*3 Sitti himnaan silaa hindhageessuu,*
*4 Lakkii gurbaa sana dhiisi!*

*5 Qamaleen muka hinmurtuu,*
*6 Weenniin jala daaddisaa,*
*7 Ergaan warrakee hindhumuu,*
*8 Beenu teenya gaaddisa.*

*9 Baddeessaa soofte malee,*
*10 Qilxuu sooftee hinagarree,*
*11 Qancaraaf boosse malee,*
*12 Kichuu ijoollee hinagarre.*

Akkuma dhukoota weelluu jaalalaa sadan olitti ibsaman irraa hubannutti caaseffamni himootaa qindaa'ina akkaatummaa walfaallaa qabaata. Kunis weelluu jaalalaa kanneen keessatti kan ifoomedha. Ragaan dhuka walaloo 1$^{ffaa}$ keessatti bo'oowwan walaloo 1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ keessatti 'Andoodeen kutaa hin addeessuu'fi 'Lakki kutaa sana miicii' jedhan, akkasumas yaanni bo'oo walaloo 3$^{ffaa}$fi 4$^{ffaa}$ keessattii 'Sitti himnaan silaa hindhageessuu'fi, Lakki gurbaa sana dhiisi' jedhan hiika walfaallaan dhihaachu mul'isu. Yaanni bu'uuraa bo'oo walaloo 1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ keessattii dhihaate ergaa walfaallaa "Maal haabaasuuf dhama raasu" jedhu fakkaatu ofkeessaa qaba. Erga andoodeen kutaa hinaddeessinee andoodeedhaan kutaa micuun hinbarbaachisu ture jechuudha. Yaanni bo'oo walaloo 3$^{ffaa}$ fi 4$^{ffaa}$ keessattii 'Sitti himnaan silaa hindhageessuu'fi 'Lakki gurbaa sana dhiisi' jechan caasaa gaalee yaada walfaallaan dhihaatedha. Akkuma gaaleewwaan lamaan irraa hubachuun danda'amutti yaanni dhihaate irra keessaan nama gorsa hindhageenye gorsuun bu'aa akka hinqabneetti ibsame. Kun immoo, qindaa'ina akkaatummaa yaanni hi'entaan ijaarame beebii hi'etntaa qabaachuu agarrsiisa.

Haaluma walfakkaatuun dhuka walaloo 2$^{ffaa}$fi 3$^{ffaa}$s keessattis ergaan gaaleewwaanii walfaallaa ta'uun qindaa'uu argina. Yaanni dhuka walaloo 2$^{ffaa}$ bo'oo walaloo 5$^{ffaa}$fi 6$^{ffaa}$ keessatti 'Qamaleen muka hinmurtuu'fi weenniin jala daaddisa' jedhan ergaa waan qamaleen gochuu

hindandeenyee weenniin irraa eeggatee dadhabu mirkaneessa. Bo’oo walaloo 7ffaa fi 8ffaa keessattis akkasuma ergaa hojii xumura hinqabne hojjechuufi baallamarraa hafuu ibsa. Bifuma walfakkaatuun yaanni dhuka walaloo 3ffaa bo’oo walaloo 9ffaa fi 10ffaa keessatti dhihaatanis ergaa waan ofiin beekan qofa dinqisiifachuu calalaqqisiisa. Itti fufuunis yaanni bo’oo walalaoo 11ffaa fi 12ffaa keessatti dhihaatan irra keessaan ergaa wanta ofiin beekan qofa ajaa’ibsiifachuu calaqqisiisa. Kanaafuu, qindaa’inni weelluu jaalalaa dhukoota walaloo sadan keessatti dhihaatan caasaa himaa walfaallaan dhihaatan kunneen ergaa kallattii hi’entaafi safarri bo’oowwanii walqixxaatee yeedalloon walalichaa akka miidhaguuf gumaacha olaanaa kan taphachuu ta’uu agarsiisu.

Walumaa galaatti akka ragaaleen mul’isanitti qindaa’inni akkaatummaa caasaa himootaa weelluu jaalalaa keessatti kallatti sadiin mul’atu. Isaanis kallattii walfakkiin, irra deddeebbiifi kallattii walfaallaa kanneen jedhamanidha. Ibsoonni kunniin weelluu jaalalaa keessatti mul’achuun immoo dhandhamni walalichaa daran miidhagee akka yeedalloo horatuufi ergaan weelluu jaalalaa fuulchaa akka argatuuf shoorri isaan taphatan olaanaa ta’uun adda baheera.

### 9.1.1. Akkaatummaa Xiinhiikaa Weelluu Jaalalaa

Akka ragaaleen odeefkennitootarraa funaaname mul’isutti weelluun jaalalaa ibsoota akkaatummaa kallattii xiinhiika adda addaan mul’achuu danda’aniiru. Hiikni kunis hiika sirrii, hiika dhokataafi malleen dubbii jedhamuun kan dhihaataniidha. Qabxiilee kanneenis duraa duubaan dhiheessuun haa ilaallu:

*1 Laaftoo seeranii gogsuu,*
*2 Bakkannisan dadhabee,*
*3 Guyyaa deemanii obsuu,*
*4 Halkan ciisan dadhabe.*

*5 Sangaa guddaaf haatoluu,*
*6 Kan cidii cagadannee,*
*7 Sanbat-guddaaf haatoluu,*
*8 Kan liphii wal-agarre.*

Weelluun jaalalaa dhuka lamaan asiin olitti dhihaatan ergaa kallattii ofkeessatti qabachuun kan dhihaatanidha. Ragaaleen, dhuka walaloo 1ffaa bo’oo 1ffaa fi 2ffaa keessatti dhihaatan hiika sirrii hawaasa biratti beekkaman mul’isa. Kunis mukti laaftoo yoo seeran kan gogu yoo ta’u, bakkanniisni garuu seeramee akka hingogne agarsiisa. Ittuma fufuun yaanni bo’oo walaloo 3ffaa fi 4ffaa keessatti dhihaate ergaa kallattii namni jaalalaan qabamee guyyaa deemuun yoo obsellee halkan ciisee hirriba nagaa akk hinqabeefi daran kan rakkatu ta’uu mul’isa. Bo’oowwan walaloo yaada hi’entaan dhihaatanis deebii hi’entaa akka qabaniif fuulchaa kenna. Gama biraan immoo yaanni dhuka walaloo 2ffaa jalatti bo’oo walaloo 5ffaa fi 6ffaa keessatti dhihaate hiika kallattii kan ofkeessatti hammatedha. Innis sangaan guddaan jiraachuun miidhan calleessuuf kan nama gargaaru ta’uufi bo’oo walaloo 7ffaa fi 8ffaa keessattis yaanni ‘Sanbat-guddaan jiraachuun liphii walarguuf isaaniif sababa ta’uu ergaa kallattii kan dabarsudha. Ijaarsi akkasii immoo akkuma

gara oliitti ibsame akkaatummaa weelluu jaalalaa hi'entaan qindaa'e deebii hi'entaa kan qabuufi yaanni eeyyentaan qindaa'e deebii eeyyentaa akka qabaatu agarsiisa.

Asiin gaditti immoo ragaalee odeefkennitoota irraa funaanaman akkaatummaa xiinhiika kallattii hiika dhokataan dhihaatan ilaalla. Isaanis yeroo baay'ee dubbii dachaa yeroo baay'ee ergaa dhokataa qabaachuun dhihaatanidha. Weelluun jaalalaas itti fayyadama jechamootaan badhaadhaa ta'uu ragaaleen ifoomsaniiru:

*1 Bedde beddee bitanii,*
*2 Randarra baasu karaa,*
*3 Jette jettee fidanii,*
*4 Gargar nu baasu adaraa.*

*5 Abbaankee qalii qalaa,*
*6 Foon murtee nan nyaachiftuu?*
*7 Sarbaakee nadhii kanaa,*
*8 Olfuutee nan baachiftuu?*

Dhukoota weelluu jaalalaa lamaan keessatti hiika jechamoota / dhokataa sadiitu mul'ata. Isaanis jechamoota bo'oo walaloo 3ffaa, 7ffaafi 8ffaa keessatti 'jette jettee', 'sarbaakee nadhii kanaa'fi olfuutee nan baachiftuu?' kanneen jedhan ilaaluun nidanda'ama. Hiika isaanis yoo ilaallu yaanni gaaleen walaloo 3ffaa keessatti 'jette jettee' jedhu hiika dhokataa 'hamii / haasaa maddi isaa bira hinga'amne' jedhu ibsuun dhihaate. Yaanni bo'oo walaloo 7ffaa keessatti 'sarbaakee nadhii kanaa' jedhu hiika dhokataa bareedaa / bareedaa jedhu ibsuuf dhihaate. Itti dabaluunis yaanni bo'oo walaloo 8ffaa keessatti 'olfuutee nan baachiftuu?' jedhu hiika dhokataa **'**fedha foonii na faana hinraawwattu**?'** jechu dabarsa. Kanaafuu, walaloo weelluu jaalalaa keessatti hangi itti fayyadama jechamootaa bal'inaan mul'atachuu qaaccessi ragaalee nimirkaneessa.

Gama biraan immoo weelluu jaalalaa keessattii itti fayyadamni dubbii qolaa bal'inaan nimula'ata. Akkuma beekamu dubbiin qolaa dhandhama dubbii kan mi'eessuufi wanti dubbatame haala sammuu namaa keessa yeroo dheeraaf fakkii uumuun turuu akka danda'utti kan dhiheessudha. Isaanis akkasaa, bakkusaa, nameessa, habalakaa, arbeessuu, fakkee, ateessaafi kan kana fakkaatuun dhihaachuu kan danda'anidha. Akka ragaaleen qaaccessa qorannoo kanaa mul'isanittis weelluun jaalalaa qabxiileen kanneen badhaadhaa ta'uu mul'isa:

*1 Korma gachii qamalee,*
*2 Hirriba maaliin qabaa,*
*3 Sobeen gacciisa malee,*
*4 Tafkiin taphsiisa malee.*

*5 Bishaate goosuun saree,*
*6 Maaltu siif harcaasaree?*
*7 Nan yaade booruu ijakee,*
*8 Maaltu si fakkaataree?*

*9 Gammadaan Haroo ce'ee,*
*10 Yaa Biduu abbaa Qana'ii,*
*11 Kan garaan haadhoo re'ee,*
*12 Nadiduusaa hindhama'iin.*

*13 Yaa baddeessaa laga soolee*
*14 Kormaan mukaa dhoqonuudha*
*15 Barbaachakeen laga oolee*
*16 Akka kormaa bosunuudha.*

Akkuma dhukootni walaloo kunniin mul'isanitti weelluun jaalalaa itti fayydamama dubbii qolaan kan guutamedha. Haaluma kanaan, ergaan dhuka walaloo jalqabaa bo'oo 4[ffaa] keessatti 'Tafkiin taphsiisa malee' jechuun dhihaate mala dubbii nameessaan tafkiin nyaattee hirribaa dhabuu mul'isa. Akkuma beekamu tafkiin ilbisa xiqqoo uffata qorraa keessa dahachuun halkan nama soorachuun nama rakkistudha. Umamaan xiqqoo waan taateef akka laayyootti qabuun nama rakkisa. Gama biraan immoo namni tafkii waliin haasa'uu hindanda'u. Kanaaf, ergaan mala dubbii kanaa namni jaalalaan qabame tokko wanta raawwatamuu hinmalle kamiyyu akka raawwachuu danda'u agarsiisa. Akkasumas, namni jaalalaan qabame tokko ofiin miidhee isa kaaniin jiraachisuu akka danda'u agarsiisa.

Gama biraan immoo yaanni dhuka walaloo 2[ffaa] keessatti 'Nan yaade booruu ijakee' jedhu mala dubbii bakkee / bakka-buusaa kan dhihaatedha. Booruun gosa bishaanii qulqullina hinqabneefi dhugaatiif kan hin oolle yoo ta'u iji immoo qaamolee miiraa keessaa isa tokko kan ta'eefi ittiin ilaaluuf kan nu fayyadudha. Gama isaan weelluu jaalalaa kana keessatti ergaa dabarsaniin yoo ilaallu garuu hiika wantoota amma ibsamaniin ala ta'e namaaf laatu. Innis bifti ija shamarree / gurbaa booruu bishaanii taasifamee ibsamuudha. Bishaan uumamaan bifa maleessa ta'ullee booruun bishaanii bifa daalachaa kan qabudha. Kanaafuu, hiikni bo'oo walaloo kanaan ibsame iji ishee / isaa daalachi sun yoomillee kan hindagatamne ta'uu isaati. Haaluma walfakkatuun yaanni dhuka walaloo 3[ffaa] jalatti bo'oo 11[ffaa] jalatti 'Kan garaan haadhoo re'ee' jedhu mala dubbii bakkee / bakka-buusaa dhihaate immoo ergaa tuffii qabu kan dabrsudha. Kunis, haadhoon re'ee kan garaa guddattuufi dhaaba kan hintolle ta'uu isheeti. Kaanfuu, ergaan bu'uraa gaalee walaloo kana keessatti dhihaate tuffii durbee gaafannaan tole jechuu diddeef dhihaatu ta'ee; hanqina uumamaa isheen garaa guddachuufi dhaaba toluu diduusheen qeequ ofkeessatti hammata. Kana malees, ergaa deemtee kan quufneefi nyaattee kan hinquufne ta'uushee agarsiisa.



---

* Corresponding author.

Akkasumas, dhuka walaloo 4ffaa keessatti yaanni bo'oo walaloo 16ffaa jalatti 'Akka kormaa bosonuudhaa' jedhu mala dubbii akkasaan dhihaate argina. Kormaan bosonuu qaxxisaa deema. Yeroo bakka tokkoo gara birootti socho'us wantoota naannoo isaa jiran eeggachaa akka diina harka hinbuunetti fagootti ilaallacha'aa socho'a. Kanaaf, bo'oo walaloo kana keessatti ergaan isaa akka bosunuu sanatti qaxxisaa jaalallee ofii ofeeggannoon osoo eenyuullee isa /ishee hinargiin barbaadaa ooluu mul'isa. Kun immoo sansakaa jaalleewwaan gidduutti godhamu keessaa isa hangafadha. Sababni isaa maatiin gurbaa / intalaa mucaa isaanii orma biratti arginaan aadaan akka cabeetti waan ilaalamuuf dhoksaatti walarguufi barbaaduun murteessaa ta'uu hubachiisa.

## 2. Goolaba

Barruun qorannoo kun akkaatummaa weelluu jaalalaa raawwii isaafi amaloota xiinqooqaa irratti hundaa'uun xiinxaluun dhiyeesseera. Haaluma kanaan ibsoonni akkaatummaa weelluu jaalalaa Oromoo Maccaa akkaataa dhihaannaa isaarratti hundaa'uun bakka gurguddaa lamatti (dhuunfaafi gareedhaan) qoodamuun dhihaachuu akka danda'amu xiinxalli taasifame nimul'isa. Gareen kan dhihaatan akkaataa sochii qaamaa (kumkummee, geelloo, ol-tumeefi gad-tumeefi shubbisaan) fi meeshaalee muuziqaa kanneen akka dibbeefi kabaroo (dubbisaan) kan dhihaatan yoo ta'an, dhuunfaan kan dhihaatan immoo sochii qaamaa osoo hinfayyadamiin sagalee kiiloleefi meeshaalee muuziqaa kanneen akka ulullee, kiraaraafi ximbootti fayyadamuun ergaa dabarsuu barbaadan haala miidhagaa ta'een dabrsuuf akka gumaachan beekameera.

Amala xiinqooqaan walqabatee, xiinxalli akkaatummaa sadarkaa dhamsagaatti qindoomina walsimannaa sagaleefi birsagootaa: jalqaba, gidduufi xumura jechootaatti mul'atan: yeedaloo, ijaarsa yaadaa, hawwannaafi walunata sagalee qabaachuu mul'isa. Walaloon welluu hundi bifa tokko qabaachuu baatanis birsagoonni dhumarratti mul'atan qindoomina walfakkaataa qabaachuun walunataan bilbila sagalee nimuul'isu. Qindoominaafi caaseffama himootaan walqabatee weelluun jaalalaa akkaatummaa kallattii walfakkiin, irra-deddeebbiifi walfaallaan dhihaachuu akka danda'amu adda baheera. Ibsoota akkaatummaa xiinhiikaan walqabatee hiikni jechootaa kallattii hiika sirrii, dhokataafi malleen dubbiin dhihaachuu kan danda'uufi weelluu jaalalaa mul'istoota kanatti hedduminaan akka itti fayyadamu hubatameera. Walumaagalatti, akkaatummaan weelluu jaalalaa akkaataa raawwiiniifi amaloota xiinqooqaan kan mul'atu yoo ta'u, gama lammaniin akkaatummaan keessatti mul'atu hawwannaa raawwichaafi jabina ergaa walalichaaf gumaacha guddaa qabaachuutu hubatame.

Xumura irrattis, ogeeyyiin ogbarruu Oromoo gara fuula duratti dhimma kanarratti xiyyeeffachuun akka gumaacha taasisan qorannoon kun kallattii agarsiisa. Akkasumas, afwalaloo Oromoo irratti roga adda addaan xiinxala taasisuun finna qorannoo oguma Oromoo jajjabeessuu ta'uu akeekaa. Gama weelluu jaalalaanis kallatti sochiifi hariiroo hawaasummaa irratti xiyyeeffachuun qorachuun barbaachisaa akka ta'e qorannichi ni akeeku.

## Wabiilee


Addisu Tolesa. (1994). "Oromo Literature, Geeresa, and the Liberation Struggle." *The Journal of Oromo Studies*,1(2), pp59-65.

Anderzejewski, B.W. (1985). *Literature in Cushitic Language Other Than Somali Literature* in African Language.Cambridge University Press.

Ashenafi Belay and Eba Taressa (2017). The Poetics of Oromo Blessing Expressions: A Stylistic Analysis of a Verbal Art Genre. *IJSBAR. 32 (1),* pp 92-120.

Bascom.W. (1965). *Four Funtictions of Folklore.* In the study of Folklore.Englewood Cwlffs, SJ: Prentice.Hall.

Bauman, R. (1975) Verbal Art as Performance: *American Anthropologist, New Series, 77(2),* pp. 290-311

Ben Amos, D. (1975). Folklore in African Society: In *Research in African Literatures. 6(2),* pp. 165-198

Bukenya A., Waanjiku M. K., Duncan O. (1994). *Understanding Oral Literature*. Niarobi: Cambridge University Press.

Carlson, M. (1996). *Performance: A Critical Introduction*. New York: Routledge.

Dammituu Aagaa (2019) Xiinxala Qabiyyee Af-Walaloo Geerarsa Oromoo Maccaa: Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Dirmajii.Waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa hin maxxanfamiin

Darajjee Fiixee (2019) Qaaccessa Qabiyyee Fi Bifiyyee Sirba Masqalaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Gannatii. Waraqaa qorannoo hin maxxanfamiin

Dorson, R. M. (1972). *Folklore and Folklife: An introduction*. Chicago: The University of Chicago Press.

Dundes A. (1965). *The study of Folklore*.Endlewood Cliffs: NJ. Prentice Hall, Inc.

Fekade Azeze. (2013). *Introduction to Oral Literature*: Artistic Printing Enterprise.

Finnegan R. (1970). *Oral Literature in Africa*: London: Oxford University.

_________ (1976). *Oral Literature in Africa*: Nirobi Oxford University.

_________ (1992). *Oral Traditions and the Verbal art*. London, New York: Rutledge

Gumii Qormaata Afaan Oromoo (1993). *Wiirtuu*: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo, Jildii 6. Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa. Finfinee: Commercial Printing Enterprise.

Gumii Qormaata Afaan Oromoo (1995). *Wiirtuu*: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo, Jildii 7. Finfinne: Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. Commercial Printing Enterprise.

Hawthorn, J. (1994). *A Glossary of Contemporary Literary Theory*. New York,

Lazar. G. (1993). *Literature and Language Teaching: A guide for teachers and trainers*. Cambridge Univarsity Press.

Leech, G.N. (1969). *A Linguistic Guide to English Poetry.* London & New York: Longman

Magou, F.P. (1953). *Oral-Formulaic Character of Anglo-Saxon Narrative Poetry*. Speculum, Vol. 28, No. 3 (Jul., 1953), pp. 446-467. The University of Chicago Press

Martha, S. and Martine S. (2005). *Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their* Tradition.Ohiho State University: Utaha Univesity Press.

Nketia, J. S. (1975) *The Music of Africa* New York: Norton.

Obsaa Tegenyi. (1993). *Weelluu*. Addis Ababa Commercial Printing Press.

Okpewho. I. (1992). *African Oral Literature.Backgrounds.* Bloomington: India University Pres

Olaanii Goobanaa (2019) "Xiinxala Bifiyyeefi Qabiyyee Faaruu Weellisaa Duudhaa (Asmaarii) Godina Wallagga Lixaa Aanaa Najjoo". Waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa hinmaxxanfamiin.

Oring. E. (1985). *Folk group and folklore genres. An introduction* Logan Utahan: Utahan University Press.

Peek, P.M. and Yankahi, K. (eds). (2004). *African Folklore: An Encyclopedia*: Lodon: Routledge

Perham, M. (1969). *The Government of Ethiopia*. London: Faber and Faber.

Short, M. (1996). *Exploring the language of Poems, plays and Prose*. New York: Longman.

Simpson, P. (2004). *Stylistics: A Resource Book for Students*. London: Rutledge.

Tallerman, M. (2005) *Understanding Syntax* (2nd Ed.). London: Hodder Education.

Tasfayee Dabochiin. (2017). Qaacceessa Qabiyyee Darashii Qonnaan Bulaa Godina Harargee Bahaa Aanaa Qarsaa. Waraqaa qorannoo hinmaxxanfamiin.

Wennerström, A. (2001). *The music of everyday speech*. Oxford: Oxford University Press

Zelealem Aberra. (2003). Transition from Oral to Written Oromo Poetry. *Journal of Oromo Studies*. 10 (1), pp 35—60.